YaadannooGabaabaakoorsiiHoggansa,Fooyya'nsafi JijjiiramamanaBarumsaaSadarkaa^{lffaa} (EdPM-302) irrattiQophaa'e.

Qopoheessaan Siyyum Warquu

Kolleejjii Barnootaa Naqamtee

Biiroo Barnoota Oromiyaa

unicef

Deeggarsa UNICEF kan Qophaa'e

Ebila,2012

KBB Naqamtee

Baafata

Qaabiyeefuula

BOQONNAA TOKKO ..... **Error! Bookmark not defined.**

1. Dhaabbata Barnootaa fi Hooggansa Barnootaa ..... **Error! Bookmark not defined.**

Kutaa tokko: Dhaabbilee Barnootaa ..... **Error! Bookmark not defined.**

1.1 Yaad-rimee fi Amaloota Dhaabbilee Barnootaa ..... **Error! Bookmark not defined.**

1.1.1 Maalummaa dhaabbataa ..... **Error! Bookmark not defined.**

1.1.2 Uumamaa fi Amaloota Dhaabbataa 2

1.1.3 Gosoota Dhaabbata 3

Kutaa Lama: Hooggansa Barnootaa 3

1.2 Maalummaa fi Amaloota Hoggansa Barnootaa 3

1.2.1. Hiikkoowwan Hooggansa Barnootaa 3

1.2.2. Amaloota hooggansaa 4

1.2.3. Sadarkaalee, Ogummootaa fi Ga'eelee Hooggansaa 4

Kutaa sadii: Amaloota Addaa fi Qabattoota Dhaabbilee fi Hooggansa Barnootaatiin Wal-qabatan 5

1.3 Amaloota addaa dhaabbilee fi hoggansa Barnootaa 5

1.3.1. Amaloota addaa dhaabbilee Barnootaa 5

1.3.2 Qabattoota hojiilee dhaabbata barnootaa fi hoggansaa irratti dhiibbaa godhan 7

BOQONNAA LAMA 8

2. HOJIILEE HOOGGANSAA FI MEESHALEE HOOGGANSA MILKAA'AA 8

Kutaa tokko: Hojiilee fi Meeshalee Ijoo Hooggansaa 8

2.1 Hojiilee ijoo hoggansaa 8

2.1.1. Hojiilee hoggansaa: Karoorsuu/Managerial Function-Planning 8

2.1.2. Hojiilee ijoo hoggansaa- Qindeessuu 10

2.1.3. Hojiiwwan hooggansaa- Ijaarsaa humna namaa 10

2.1.4. Hojii Hooggansa-Qajeelchuu 10

2.1.5. Hojii ijoo hoggansaa-Too'annaa 11

Kuta lamaa: Meeshalee Hooggansaa 11

2.2. Meeshalee Hooggansa milkaa'aa 11

2.2.1. Meeshaa hooggansaa-Murtee kennuu 11

2.2.2. Meeshaa Hoggansaa-Qunnamtii 12

2.2.3. Meeshaa hooggansaa-Si'eessuu 13
2.2.4. Meeshaa Hoggansaa-Gaggeessummaa 14
Boqonnaa-3 16
Supparviizyinii Barnootaa keessattii 16
3.1 Yaad-rimee fi moodeloota supparviizyinii barnoota keessattii 16
Kotaa tokko: Moodelootaa fi Supparviizyinii Barnootaa 16
3.1.1. Hiikolee supparviizyinii 16
3.1.2. Moodeloota supparviizyinii 17
Kutaa-lama: Tooftalee fi hojiiwwan supparviizyinii 17
3.2 Tooftalee supparviizyinii 17
3.1.4. Hojiilee fi ga'eelee Supparviizyinii 18
Boqonnaa 4 19
4. Fooyya'iinsaa fi Jijjiiramoota Mana Barumsaa 19
Kutaa tokko: Yaad-rimee fi Murnoota Fooyya'iinsa Mana Barumsaa 19
4.1. Hiikaa fi Sababoota Bu'uuraa Fooyya'iinsa Mana Barumsaa 19
4.1.1. Hiikaa fooyya'iinsa mana barumsaa 19
4.1.2. Sababoota Bu'uuraa Sagantaa Fooyya'insa Mana Barumsaa 19
4.1.3. Murnoota Sagantaa Fooyya’iinsa Mana Barumsaa 20
Kuta lama: Hiikkoowwan, Maddaa fi Gosoota Jijjiirama Barnootaa Keessattii 21
4.2.1. Hiikaa jijjiiramaa 21
4.2.2. Hiikaa Argannoo 21
4.2.3. Fooya’iinsa Barnootaa 21
4.2.4. Maddoota jijjiirmaa Barnootaa 21
4.2.5. Gosoota Jijjiiramaa 21
Kutaa sadii: Ittisa/rincica Jijjiiramaa fi Karaalee Rincica Ittiin Injifatan 22
4.3. Ittisa/rincica Jijjiirama 22
4.3.1. Sababoota Rincica Jijjiirama Barnootaa 22
4.3.2. Ittisa/rinicica jijjiiramaa xiqqeessuu 22

BOQONNAA TOKKO

1. DHAABBATA BARNOOTAA FI HOOGGANSA BARNOOTA KEESSATTI

Boqonnaan kun kutaalee sadii of keessaa qaba. Kutaan tokkoffaan, yaad-rimee, amalootaafi gosoota dhaabbataa ibsa. Kutaan lammaffaa hoggansa dhaabbilee barnootaa, maalummaa hooggansaa, sadarkaalee, ogummootaafi ga'ee hooggansaa irratti xiyyeeffata.Kutaan sadaffaan ammo, amaloota addaa dhaabbilee barnootaafi qabattoota hojiilee hoggansa barnootaa irratti dhiibbaa fidan irratti xiyyeeffata.

Ga'umsa Boqonnichaa

Dhuma Boqonnaa kanaatti leenjifamtoonni:

- Amalootaa dhaabbilee barnootaa ni hubatu.
- Yaad-rimee hoggansaa akka waliigalaatti, akkasumas hoggansa barnootaa akka addaatti ni dinqisiifatu.
- Hariiroo sadarkaalee hoggansaa fi ogummoota hoggansaa jidduu jiru addaan baafatu.
- Amaloota addaa dhaabbilee barnootaa ni beeku.

Kutaa tokko: Dhaabbilee Barnootaa

1.1 Yaad-rimee fi Amaloota Dhaabbilee Barnootaa

1.1.1 Maalummaa dhaabbataa

Yaad-rimeen "**dhaabbata**" jedhu kan jiraachuu jalqabe yeroo dhallii namaa gareedhaan lafa kana irratti jiraachuu eegale irraa kaasee ti. Haata'u malee, akkaataan jechi kun itti hubatamuu fi hiikamu sababoota garagaraatiif yeroo yerootti ni jijjiirama. Sababoonni gurguddoon hubannoo fi hiikaa dhaabbataa jijjiiruu danda'an kanneen akka: **naannoo jireenyaa, falaasama jireenyaa, shaakala barnootaafi** kkf dha.

Haaluma kanaan ,namoonni hedduuun maalummaa dhaabbataa irratti ilaalchafi hiikaa garagaraa qabu.

Hayyoonni "Denyer, Kumer fi Mittal(2001:34) akka ibsanitti, *Dhaabbata jechuun tartiiba hojii kan qoqqoodamaa hojiiwwanii fi itti gaafatamummaa qabuu dha.*

Yaada hayyuu "Denyer" muraasa itti dabaluun, hayyuun"Sheldon" jedhamu "Kumer fi Mittal, (2001:34)" keessatti akka ibsetti ammoo, ***dhaabbanni adeemsa hojii dhuunfaan ykn gareen hojjatamu walitti fiduun wantoota barbaachisan wajjiin raawwachuu ti.***

Haaluma walfakkaatun "Terry,Kumerfi Mittal (2001;35) keessatti akka lafa kaa'etti **dhaabbanni tartiiba hojiilee kan kaayyoo barbaachisaa ta'e tokko galmaan ga'uuf, angoo fi itti gaafatamummaa namootaaf kenname kan argisiisu, akkasumas kan namoonni hojii isaaniitiif kafaltii itti argatanii dha**

Adeemsa hojii dhaabbataa keessatti:

- **Aangoon** human namoonni hojiilee dhaabbataa irratti ofii isaaniitiin akka murteessaniif kennamuufii dha..
- **Itti gaafatamummaan**, dirqama namoonni dhuunfaa gahee hojii isaanii sirriitti akka bahaniif jedhame karaa dhaabbataatin kennamuu dha.

1.1.2. Uumamaa fi Amaloota Dhaabbataa

Amalootni dhaabbataa hayyoota adda addaatiin kennaman kannen armaan gadii ti .

Dhaabbanni ijaarsa namoota fedhii garagaraa ta'ee, itti gaafatamummaa fi qabeenyatti (fakkenyaaf; human namaa, leeccalloo fi qarshiitti) fayyadamuu ti jechuun ni danda'ama. Adeemsi qabeenya fayyadamuu kan ibsu, dhaabbanni kan qabeenya adda addaa fi human namaatiin guutamee kaayyoo dhaabbatichaa galmaan ga'uuf humni nama ga'ee olaanaa taphatuu dha.

Hawaasni dhaabbatichaa, kaayyoo qopheessuun hojii dhaabbatichaa galmaan ga'uuf hojjatu. Kaayyoon dhaabbatichaa yeroo tokkoo ergaa qophaa'ee booda, fedhiin nama dhuunfaa milkaa'ina galma dhaabbatichaa waliin akka deemu gochuuf hojiileen adda addaa ni hojjatamu.

Dhaabbileen, **amaloota beekamoo** armaan gadii qabu. Isaanis:-

A) **Caasaa(Structure)**

Caasaan namootaafi hojiilee adda addaa walitti fiduuf fayada. Caasaan akka wixinee dhaabbanni kaayyoo barbaadame galmaan gahuuf namoota fi aangoo walitti fiduutti ilaallama.Caasaan dhaabbataa keessatti, faayidaa baay'ee qaba. Isaans:

- Bulchiinsi dhaabbatichaa hojiilee akka akaakuu isaanitiin addaan baasuu fi namoota hojjachu danda'aniif hiruun akka hojiin salphaatti raawwatamuu taasisuuf gargaara.
- Walitti- dhufeenyi idilee namoonni sadarka adda addaa irratti taasisan hojiin sirriitti akka hojjatamuu fi kaayyoon dhaabbatichaa akka galma ga'u taasisa. Fakkenyaaf, caasaa dhaabbataa keessatti qoodinsi hojjattootaa, hojii murteessuu fi qooduu, muummeen (dippaartimentiin) bakka buusuu, qindeessuu fi kkf salphatti danda'ama.

B) **Adeemsa**

Akka amaloota dhaabbataatti, adeemsi akka hojii bulchiinsaa kan caasaan keessatti raawwatamuutti ilaalama. Kaayyoo dhaabbatichaa galmaan ga'uuf, adeemsi; **hojiiwwan hunda akka to'atamutti xixiqqeessee caccabsuun leecalloo waliin dhiyeessa.**

C) **Hariiroo**

Hariiroon, walitti dhufeenya hojjetoota jidduu jiru agarsiisa.kunis, **hojjattootni hojii isaanii akka tokkummaan hojjatan taasisa**. Hariiroon caasaa dhaabbatichaa keessa jiru, roga adda addaatin ilaalamu danda'a. Isaanis:
Hariiroo ol gadeen: walitti dhufeenna **hoggansa fi hojjattoota** dhaabbatichaa jiddutti gaggeeffamu yoo ta'u, **hariiroo dalgeen** ammoo :walitti dhifeenna namoota **hojiin isaanii walfakkaatuu fi gita tokkoo jidduutti gaggeeffamuu dha.**

D) **Angoo fi itti gaafatamummaa**

Walitti dhufeenyii dhaabbataa bu'aa qabeessa kan ta'u yoo **angoo fi itti gaafatamummaan hojiilee dhaabbaticha keessatti sirriiti qoodamee dha**. Yeroo baay'ee, aangoo fi itti gaagatamummaa bakka buusuun kan hundaa'u **muuxannoo, sadarkaa hojii, fi kkf irratti ta'uu ni danda'a.**Haala kanaan, aangoo bakka buusuun yeroo baay'ee walitti bu'iinsa hojjattoota jidduutti uumamu danda'u xiqqeessuuf ykn hir'isuuf gargaara.

E) **Raawwii hojii (Performance)**

Dhaabbileen kaayyoofi galma isaanii bira ga'uu kan danda'an hojii isaanii raawwachuudhan. Sagantaaleen bu'aa qabeeyyiifi guddina dhaabbatichaa tumsan kan galma ga'an yommuu hojjattoonnii si'aayinaafi dammaqinaan hojii isaanii raawwatanii dha.

F) Yaad-qalbii garee (Group behavior)

Dhaabbata keessatti, hojiin garee yaad-qalbi gareetin ibsama. Kanaafuu, yaad-qalbiin garee akka waliigaltee garee, sayaa'inaa fi raawwii hojiitti ilaallama

1.1.3. Gosoota Dhaabbata.

Dhaabbata jechuun; walitti qabama namootaa haala adda ta'een hundeeffamee dha.Haata'u malee, akkaataa miseensonni dhaabbataa hariiroo qunnamtii hojii dhuunfaafi garee itti qindeessan garagaraa. Haaluma kanaan ***dhaabbata idilee*** **fi** ***dhaabbata al-idilee***jedhamuun bakka lamatti qoodamu

I) Dhaabbata idilee

Dhaabbannii idilee kan ittiin beekkamu caasaa karoorfameefi sirna walitti dhufeenna qaamolee dhaabbatichaa jiddu jiru qabaachuu isaatin. Kana jechuun dhaabbanni idilee sirna beekamaafi amaloota gooree, jiraachuu angoofi itti gaafatamummaa ifa ta'e, fiixaan ba'iinsa galma murtaa'a ta'eef gargaaru kan qabuu dha. Isaanis: Dhaabbatni idilee **kayyoo dursaan karoofame, caasaa idilee, ga'ee hojii fi hojjetoota dhaabbatichhaafi faayidaalee itti fufaa fi fuulleffame** kanqabu dha

II) Dhaabbata al-idilee

Dhaabbannii al-idileeimmoo, **kaayyolee dursaan karoorfameefi murtaa'efi dambii murtaa'akan hinqabne, akkasumas yeroo baayyee osoo itti hin yaadaminkan qindaa'uu** dha. Hundeeffamni isaas: ilaalcha, currisa, loogii, jaalala ykn jibbaafi kkf. dhuunfaa irratti hundaa'a.

Kutaa Lama: Hooggansa Barnootaa

1.2. Maalummaafi Amaloota Hoggansa Barnootaa

1.2.1. Hiikkoowwan Hooggansa Barnootaa

Ogeeyyini adda addaa, yaad-rimee hooggansa jedhuuf yeroo adda addaattii hiikkoo adda addaa kennanii jiru. Haaluma kanaan, akka Cuthbert (1984) hiikeetti, hooganssi***gochaa hojiileen namoota biraatin akka hojjataman itti gaafatamumma qabuu dha.*** Akka Rue fi Byars (2000:447) ibsanittii, hooggansa jechuun, ***gosa hojii ta'ee leecalloo dhaabbata tokkoo fkn: lafa, humna namaafi qarshii walitti qindessun kaayyoo dhaabbatichaa galmaan ga'uu jechuu dha. .***

"Stoner, Freeman, fi Gilbert" (2002:7) irratti akkaa kaa'anitti ammoo, **hooggansii adeemsa hojii fi hojjattootaa dhaabbata tokkoo karoorsuun, qindeessuun, qajeelchuunii fi too'achuun leecalloo jiru hundatti fayyadamanii galma dhaabbatichaa kaa'amee jiru biraa ittiin gahanii dha.**

Hooggansii barnootaa immoo: gosa barnootaa ykn hojii ta'ee kan dhaabbata barnootaa waliin walqabatee gaggeeffamuu dha. Hiikaan hooggansa barnootaa qofaa isaatti kan uumame osoo hin ta'in gosa barnoota soosholoojii, saayinsii siyaasaa fi ikoonomiksii irratti kan hundaa'ee dha.

1.2.2. Amaloota hooggansaa

Sababa qabattootaa kallattii garagaraa irraa kan ka'e hooggansii amaloota adda addaa qaba. Isaanis:

A).Hooggansii ogummaafi saayinsii dha

Sababiin hooggansi saaynsii jedhameefis***; hoggansi tooftaa daawwannaa, yaalii, ramaddii sirnaawaafi xiinxala ragaa of keessaa waan qabuuf.*** Karaa biraatin, adeemsa dhaabbaticha keessatti ***seerota, tooftaa,yaad-hiddamtootafi kkf hundeessun hooggansa saayinsii*** **taasisa.**

Hooggaansii akka **oggummaattis (art)** ilaalamuu ni danda'a. Sababni isaas, ***hooggantootni yeroo hojiilee hoggansaa raawwatan beekumsa isaanii fayyadamu.*** **Kun kan argisiisu** ***rakkina dhaabbatichaa furuuf beekumsa saayinsaawaa fayyadamuun akka ogummaatti(art) ilaalama.***

B) Hooggansi adeemsa itti fufaa dha

Amalli kunimmoo **hoggansii adeemsa itti fufaa fi gochaalee itti fufoo kan of keessaa qabuu ta'uu agarsiisa**

C).Hooggansii gocha bu'a qabeessaa dha

Hooggansi, galma ga'iinsa kaayoolee dhaabbatichaatiif yaada. Kaayyoleen dhaabbaticha, hojiilee hoggansaatiin dursanii murteeffamu. Kanaaf hojiileen hooggansaa **galma kan bu'uureffataniifi gocharratti** kan xiyyeeffataniidh

D) Hooggansii oggummaa dha(Management is a profession)

Sababoota hooggansa oggummaa (profession) taasisanis, hooggansi : keessaa hooggansii:-**naamusa kan of-keessatti hammatu, leenjii fi muuxannoo kan barbaaduufi galma murteessuf kan gargaaru ta'uusaati.**

1.2.3. Sadarkaalee, Ogummootaa fi Ga'eelee Hooggansaa

1.2.3..Sadarkaalee fi ogummoota Hooggansa

Dhaabbileen barnootaa gubbaa gara gadiitti kan diriiraniifi hariiroo dalgee kan qabanii dha.Sadarkaa hoggansaan walqabatee; Dessler, G.(1982) karaalee sadii hooggantoota adda baasee jira. Isaanis: angoon, gulaatanfi damee hojiitiin adda baasuu akka danda'amuttii ibsa. Fakkeenyaaf...

1) **Angoon (by position)**: hooggantoota; murtee keenaa (excutive), gaggeessaa (Manager), fi to'ataa (supervisor), jechuun addaa baasa.
2) **Gulantaan (by level)**: hooggantoota; hooggana olaanaa, hoogganaa jiddu-galeessa fi hoogganaa dhihoo jechuun addaa baasa.
3) **Damee hojiitin (by title)**: hooggantoota; hoogansa gurgurtaa(sale manager), hoggansa faayinaansii(financial manager) fi hooggansa oomishaa(production manager) jechuun adda baasa.

Karaalee hooggantoonnii adda ba'aniin **olii keesaa**, kan yeroo baay'ee ittiin gargaaraman.Haalumaa kanaan caasaa dhaabbatichaa irratti hunda'uun; ***hoogganaa olaanaa, hoogganaa jiddu-galeessaa fi hoogganaa dhi'oo/gadaana*** jedhamuun adda ba'u. Haaluma kanaan, ga'een hojii isaans :

- **Hoggansa olaanaa :** Karora tarsiima'aa,karora yeroo dheeraa fi imaammata baasuu
- **Hoggansa g/galleessa:** Hoggansa olaanaa fi dhiyoo akka riqichaatiti wal-qunnamsiisa
- **Hogganaa gadaanaa/dhiyoo:** Karoora gochaa fi karoora yeroo gabaaba baasuu dha.

Ogummoota Hooggansaa

Gosootni ogummaa hooggansa tokkoof barbaachisan:

A). **Ogummaa hojii:** ogummaan hojii dandeettii tartiibawwaanii, teknikaalaa fi beekumsa gosa hojii tokkoo qabaachuu ibsa. Kanaa jechuun beekumsaa fi ogummaa gahe hojii gosa tokkoo irratti qabaachuun hojii sana hojjachuuf nama gargaara. Ogummaan kun baay'inaan hoggana dhihootiif barbaachisa. Dhaabbilee barnoota keessatti, ogummaan hojii; *tooftalee adda addaa, adeemsotaafi mala baruu barsiisuu ittiin hogganaan* hammata.

B)**Ogummaa walittii dhufeennaa (Hariiroo) namootaa:** Ogummaan kun dandeettii namoota dhuunfaa fi garee wajjiin hojjachuu, fedhii isaanii hubachuu, fi si'eessuu ti. Kana jechuun; miseensonni dhaabbatichaa hojii isanni haalaan akka raawwatan, dandeettii qindeessanii gaggeessuu qabaachu gaafata. Ogummaan kun hoggantaata sadarkaa sadaanifuu ni barbaachisa.

C)**Ogummaa waliigala : Kun immoo** dandeetti hogganaan kutaalee adda addaa dhaabbaticha keessaattii haala waliigala dhaabbaticha ittiin ilaaluu danda'uu dha. Ogummaan kun ogummaa/dandeettii fedhii fi hojiiwwan adda addaa dhaabbaticha ittiin qindeessanii fi wal simsiisanii dha. Ogummaan waliigalaairraacaalatti **hoggantoota olaanoof**kan barbaachsu yoo ta'u, Ogummaan dandeettii irra caalatti **hoggantoota dhihootiif kan barbaachisa.**ogummaan walitti dhufeenya immoo **hooggantoota gulanta sadanifuu walqixa** barbaachisaa dha.

Kutaa sadii: Amaloota Addaa fi Qabattoota Dhaabbilee fi Hooggansa Barnootaatiin Wal-qabatan

1.3. Amaloota addaa dhaabbileefi hoggansa Barnootaa

1.3.1. Amaloota addaa dhaabbilee Barnootaa

Akka Campbellfi hiriyoonni isaa (1963) ibsaniitti, amaloota addaa dhaabbilee barnootaa (keessattuu maanneen barnootaa) qofti qaban jahahaala armaan gadiitiin ibsanii jiru.

A) **Ummataaf mul'achuu fi xiyyeeffatamu(Public Visibility & Sensitivity)**

Mana barumsafi fayidaan isaan kennan kan dhaabbilee biraatin yoo walbira qabamu irra caalaa miseensota hawaasaaf **ifatti mul'ata**. **Miseensonni hawaasa baay'en, tajaajila sirna barnootaafi hojiilee dhaabbilee barnootaa keessatti raawwatamaniif, xiyyeeffannaafi kaka'umsa kan qaban ta'uu agarsiisa.**

B) Hawaasaaf bu'aa kennuu

Dhaabbileen barnoota, tajaajila barnootaafi leenjii dandeettii namoota sekteroota hawaasummaafi dinagdee adda addaa keessatti hojjachaa jiran hunda cimsuuf gargaaru kan kennanii dha.**Waan kana ta'eef, hoggansi mana barumsa gochaalee adda addaa fedhiilee hawaasaa guutuuf gargaaraniif xiyyeeffannaa kennuun irraa eegama.**

C) Walitti dhufeenya cimaa

Hariiroon dhala namaa mana barumsa keessatti kan mul'atu kan kanneen biroorra haala adda ta'een bifa walitti dhufeenna **barattoota gidduu, barsiisotaa fi barattoota** jiddduutti taasifamuu dha.

D) Walxaxummaa hojiilee.

Dhimmaa baruu-barsiisuu guutuufi leenjii humna namaa ogummaa qabu oomishuuf godhamuun, faayidaan mana barumsaa dhaabbilee hawaasa biroo caalaa walxaxaa ta'ee argama

E).Ogeeyyii caalatti ogummaa qabaniin hammatamuu (Staff professionalism).

Dhaabbileen barnootaa, dhaabbilee hawaasaa biroon yoo wal-biraa qabaman caalatti humna namoota ogummaa qabaniitin kan guutamanii dha.

F)Madaaluuf rakkisaa ta'uu

Jijjiirami yaad-qalbii amala dhaabbilee barnootaa keessatti barattootarratt dhufu yeroo gabaabatti kan mul'atuu miti. Kanaafuu, yeroo dhaabbilee hawaasaa biraa wajjiin ilaalamu, mana barumsaa keessatti sadarkaa jijjiirama mul'atee madaalun rakkisaa ta'a.

Haalumaa walfakkaatuun, **Bush fi barressitonni** biro (1980), amaloota addaa dhaabbilee barnootaa afur akka armaan gadiitti adda baasaniiru. Isaanis:-

1) Kaayyolee mana barumsaa ibsuun, kaayyolee industirii ibsuu caala rakkisaa dha.
2) Dhalli namaa madda ijoo meeshaalee dheedhii (row materials) mana barumsichaa ti. Adeemsi oomishaa mana barumsaa keessatti, hojjattootaa milkaa'ina raawwii dhaabbilee birootiif gumaachan leenjisuu dha.
3) Irraa caalaan miseensota istaafii, durbu'aas dabalatee ogummaa walfakkaataa ta'e irraa kan walitti dhufanii fi yeroo barbaachisettii leenjidhaan muuxannoo waliif kan hiranii dha.
4) Bu'aan mana barumsa dhaabbilee birootin karaa walfakkaataa ta'een hin madaalamu.

Haaluma walfakkaatun, **Graff fi hiriyooti** isaa Ayalew (1991), keessatti akka ibsanitti; Adeemsota addaa shan hoggantoonni barnoota kessattii hojjatanii fi manneen barnoota dhaabbilee biraarraa adda taasisu adda baasaniiru; Isaanis :

a) **Manni barumsaa dhaabbata addaa ti**
b) **Manneen barnootaa kallattii isaanii dhaabbilee hawaasummaatin murteessu**
c) **Manni barumsaa iddoo walittii bu'iinsaa sonaawwanii ti**
d) **Dhiyeenna mana barumsaa fi hawaasafi**
e) **Dhaabbati barnootaa kallattiin ummatarratti xiyyeeffata kanneen jedhan adda baasaniiru.**

1.3.2 Qabattoota hojiilee dhaabbata barnootaa fi hoggansaa irratti dhiibbaa godhan

Qabattootni hojiileefi hooggansa dhaabblee barnootaa irratt dhiibbaa fidan kanneenakka: **Daballii baasii barnootaa,siyaasummaan barnoota dabaluu**, guddachaa **adeemuu walxaxiinsa dhaabbilee barnootaafiguddinaa teknooloojii ammayyaawoof kkf fa'i**



Gaaffilee of-iyyaaffannoo

Gochaaleen kun hubannaa keessan qabiyyeewwan boqonnichaa iyyaafachuuf kan yaadame waan ta'eef sadarkaa hubannaa keetii beekuuf gaaffilee hundaa deebisuutti sirraa eegama!.

i. *Hiikaa dhaabbataa fi hooggansaa barreessuun, amaloota addaa isaanii ibsi!.*
ii. *Dhaabbileen idilee itti yaadamee kan karoorfamee fi dursa murteeffame yoo jedhu maal jechuu dha?*
iii. *Tokkummaa fi garaagarummaa dhaabbata idilee fi al-idilee haala bu'uura isaanitiin, kaayyoolee, hooggansaa fi sirna qunnamtii irratti hundaa'un ibsi!.*
iv. *Wantoota hoggansa saaayinsii fi ogummaa (art) taasisan ibsi!.*
v. *Gochaalee addaa hoggantoota gulantaalee adda addaatin raawwataman ibsi!.*
vi. *Hariiroo gulantaalee hoggansaa fi ogummoota jidduu jiru ibsi!.*

Daballiin baasii barnootaa akkamitti dhaabbataa fi hoggansa barnootaa irratti dhiibbaa fida?

BOQONNAA LAMA

1. HOJIILEE HOOGGANSAA FI MEESHALEE HOOGGANSA MILKAA'AA

Ga'umsa Boqonnichaa

Kutaa tokko: Hojiilee fi Meeshalee Ijoo Hooggansaa

Boqonnaa kanaa barattanii ergaa xummurtanii boodaLeenjiamtootni:

- Yaad-rimee hojiilee hoggansaa ni hubattu.
- Mana barumsa sad 1ffaa irrattii karoora ni qopheessitu
- Seerotaa karoorsuu ni fayyadamtu.
- Meeshalee adda addaa hoggansaa dhaabbilee barnootaa hojiirraa ni oolchitu.

Hojiileen hooggansaa: **hojiilee ijoo hooggantotni raawwatanii dha**. Hojiileen hooggansaa kunis kanneen akka: karoorsuu, qindeessuu, ijaarsa humna namaa, qajeelchuu/gaggeessuu fi too'achuu of keessatti hammata.

2.1.1. Hojiilee hoggansaa: Karoorsuu

Yaad-rimee **karoorsuu** jedhuuf, beektoni hiikoo addaa-addaa kennaniiru. Haaluma kanaan :

Karoorsuun: Adeemsa namnii dhuunfaa ykn dhaabbannii gochaalee fuula duraa muraasa irratti fuula duratti murteeffatuu dha (Omran, 2002).**Karoorsuun:** Adeemsa akkamiin dhaabbanni bakka ga'u qabu ga'aa jedhu muteessuu ti.Hiikoleen armaan olii akka mul'isanittii, karoorsuun adeemsaa kaayyoo bira ga'amuu qabuu fi milkaa'ina kaayyoleetiif gochaalee barbaachisan murteessuu ti.

Faayidaa, Amalootaa fi Seerotaa Karoorsuu

Faayidaa Karoorsuun qabu keessaa muraasni, Karoorsuun: **sadarkaa raawwii ibsuuf, bu'aa argame iyyaafachuuf, burqaa si'aayinaa fi dhimmamuu ta'uun tajaajla.**Kana malees,**kallattii hojii argisiisuuf,murtee ragaan deeggarame kennuuf, kaayyoo kaa'amerratti xiyyeeffachuufi too'annoof haala mijeessuuf** fayyada.

Amalootni Karorsuu gurguddoo:

Amaloota karoorsuu keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti. Isaanis: Karoorsuun hojiilee hoggansaa jalqaba raawwatamuu fiadeemsa dammaqsaati.Karoorsuun yaaddoo hooggantoota hundaa, kandhaabbaticha fuula duraatti abdachiisuufi galmaa kan bu'uureffata dha.

Seer-bu'uraallee Karoorsuu

Seer-bu'uraaleen karoorsuu,seerota yeroo karoorri hojii qaphaa'u hordofamuu qaban agarsiisa. Haaluma kanaan seer-bu'uraaleen karoorsuu : **Karorri tokko yeroo qophaa'u kan kaayyolee waliinf**

gumaachuu ,kanhaalota daangessuu, kan kutannoo hojiirra oolchuu barbaadu ,kan karoora biroo dhabbatichaa waliin walsimuu, yeroo isaatiin raawwatamuufi ga'umsaa qabu, akkasumas kan haala waliin jijjiiramuu danda'uuf kkf hordofe qophaa'u ta'uu qaba

Gosoota karoorsuu

Karoora faayidaa, yeroo fi bal'inarratti hundaa'un gosoota adda addaa sadiitti qoodun ni danda'ama.

i) **Faayidarratti hundaa'un gosootni karoorsuu :**

a) Karoora irra deddeebin tajaajilu : Karoora irraa deddeebi'uun tajaajila kennuu kanneen akka Imaammataa, tartiiba, galma, kaayyoo, tarsiimoo, dambii (seera)fi kkf. of keessa qaba.

b) Karoora al-tokkoo qofaa tajaajilu: gost kunKaayyoo milkeessuuf yeroo tokko qofa kan fayyadamnuufi kan akka qajeelfama dhaabbataatti hin gargaarree dha. Innis sagantaa ,Jaataniifi karora baajetaa of keessaa qaba

II) **Qoodamiinsa karooraa yeroo irratti hundaa'uun**

Yeroo irratti hundaa'uun,karoorri bakka sadiitti qoodama. Isaanis:

a) **Karoora yeroo dheera:**Kallattii fuul-duraa dhaabbatichaa irratti xiyyeeffachuun yeroo (wagga 5-10) hojjatamu. Garuu amala dhaabbaticha irratti hundaa'un waggaa tokkottis gad bu'u danda'a.
b) **Karoora yeroo jiddu galeessaa:** karoora yeroo dheera fi karoora yeroo gabaabaa gidduutti argama
c) **Karoora yeroo gabaabaa:** Qaama karoora yeroo dheeraa ta'e karoora yeroo dheeraa hojiitti hiikuuf tarkaanfilee fudhatamuu qaban of-keessaa kan qabuu dha. Yeroo (waggaa 1-2) kan hammatu yoo ta'u hiikaa dhaabbatichi karoora yeroo gabaabatiif kennurratti hundaa'un gannii (waggaan) gad-bu'u danda'a.

III) **Qoodamiinsa karooraa Bal'inarratti hundaa'uun.**

karoorrii bal'ina isaa irratti hundaa'un bakka sadiitti qoodama. Isaanis :

a) Karoora tarsiimoo: Galma yeroo dheeraa fi tarsiimowwan dhaabbatichaa murteessuu hammata.Karoorri tarsiimoo xiyyeeffanna alaa cimaa kan qabuu fi ga'e guddaa dhaabbatichaa kan uwwisuu dha.

b) Karoora kaayyoo dhiphaa: Adeemsa gochaalee yeroo gabaabaa keessatti hojii irra olchuuf leecalloo barbaachisu ramaduu irratti xiyyeeffata. Karoorrii yeroo dhiphaa , hojiilee ijoo gareelen dhaabbaticha kaayoo tarsiimoo galmaan ga'uuf jecha fudhatan irratti xiyyeeffata.

c) Karoora gochaa: Tartiibota murtaa'oo fi adeemsota gulantaa gadaana dhaabbatichaatif barbaachisan adda baasuuf gargaara.

Sadarkaaleefi tarkaanfilee karoorsuu

Adeemsikaroorsuu ;**tartiibafi tarkaanfilee** armaan gadii of-keessaa qabu. Isaans: **Xiinxallii haalaa geggeessuu, Fedhii adda baafachuu ,Galmootaa fi kaayyolee kaawwachuu, Filannoowwan gad-fageennan ibsuu ,Tarsiimowwanii fi tooftalee filachuu ,Hojii irra oolchuu fi Too'annoo fi gamaaggama geggeessuu hammata.**

2.1.2. Hojiilee ijoo hoggansaa- Qindeessuu

Akka Dazzler (1995), ibsetti qindeessuun, **hooggansa leecalloo dhaabbatichaa karaa sirnaawaa ta'een gochaalee kaayyolee dhaabbatichaatiif gumaacha godhanii ti**. Qindeessuun **hojii dhuunfaa namoota dhaabbaticha keessa hojjatan kamiifuu kennuun, raawwii kaayyoo dhaabbatiichaaf qindoomina gochaaleen kun qaban mirkaneffachuuf gargaara**.

Mummessuun, fakkeeny gaarii qindeessuuta'a. Muummessun Karaa hojii guddaafi hundagaleessa dhaabbatichaa xixiqqeessuun itt qoodanii dha.Muummessuun kan barbaachisu; **Dhaabbata haara ijaarun yoo barbaachise, Dhaabbaticha irra deebi'e caasessuun yoo barbaachise, Gochaaleen dhaabbatichatti yoo dabalamaanfi Gochaaleen dhaabbaticharraa yoo hir'ifaman fa'i.**

Gosoota Muummessuu

Gosa isaa tokko kan biraatin wal bira qabuun rakkisa ta'uyyuu, gosoota muummessuu isaan torbaatu jira. Isaanis: **Dalagaarratti hundaa'un muummessuu,Bu'a/Tajaajila irratti hundaa'un muummessuu, Iddoo/bakka irratti hundaa'un muummessuu, Adeemsa irratti hundaa'un muummessuu,Maamila irratti hundaa'un mummessuufi kkf fa'i.**

Seer-bu'uuralee Qindeessuu (Principles of organizing)

Qajeelfamootni yeroo saxaxa(design) dhaabbaticha addaan baasan hrdofamuu qaban : **kaayyoo wal-smsiisuu,ogummaarratti kan hundaa'uu, karoora biroo walin kan walgitu, wal-xaxaa kan hin taane,madaala kan eeguufi kan haala wajjiin deemu danda'u** ta'uu hubachuun barbaachsaa ta'a.

2.1.3. Hojiiwwan hooggansaa- Ijaarsaa humna namaa

2.1.3.1. Hiikaa ijaarsa humna namaa

Ijaarsi humna namaa: namaa adeemsa leecalloo fedhii humna namaa adda baasuu, hojjattoota barbaachisan filuu, leenjisuu, hojiirratti bobbaasuufi hojjaticha adda baasuu ti.**Ijaarsi humnanamaa**; carraaqqii namoota raawwii kaayyoo dhabbatichaatiif barbaachisan **harkisuuf, qacaruuf, guddisuuf, badhaasuuf**fi kkf taasifamuu dha. Ijaarsi humna namaa adeemsa safarrii sirrii fi bu'a qabeessa fayyadamuun gita, duwwaa dhaabbaticha guutuuf hojjattoota ga'umsa barbaachisu qaba: **ruuguu, filuu, ramaduu, leenjisuu, raawwii madaaluufi ambisuu ti.**

2.1.4. Hojii Hooggansa-Qajeelchuu

Hiikoolee Qajeelchuu

Qajeelchuun adeemsa namoota dhaabbata keessa jiran **tokkummaa isaanii cimsuun, fedhiifi tokkummaan kaayyoo dhaabbatichaa akka galmaan ga'an taasisuu ti**. Adeemsa hojjattootni si'aayinaan bu'aa yaadamef ga'umsaan akka gumaachanifi kaayyoo dhaabbatichaa akkadhugoomsan gochuuti

2.1.5. Hojii ijoo hoggansaa-Too'annaa

Hiikkolee,Faaydaafi Gosoota t'annoo

Toon'annaan: wanti tokkoo ta'aa kan jiru karaa karoorfameen ta'u isaa murkaneeffachuuf gargaara. **Too'annaan** hojii gochaleen bu'a barbaadame kennaa jiraachuu mirkaneeffachuu ti (Omran 2001:162)

Faayidaan too'annoo: To'annon rakkoon jiru tokkoo osoo gara yaachisaatti hindeemin dursanii hoggansa beeksisufi gocha sirreeffama barbaachisaa ta'e fudhachuufgargaara.

Gosoota Too'annoo (Types of controling)

Too'annoonwwan gosa sadiitti jira. Isaanis:-**Too'annoowwan dursa gochaa(pre-controls), Too'annoowwan yeroo gochaa(concurrent controls) fi Too'annoowwan gochaa booda(post-action controls)** ti.

Kuta lamaa: Meeshalee Hooggansaa

2.2. Meeshalee Hooggansa milkaa'aa

2.2.1. Meeshaa hooggansaa-Murtee kennuu

Murtee kennuun :adeemsa rakkoo hiikuuf, filannoowwan karaalee furmaaataa keessaa filachuu ti. Kana jechuun, murtee kennuun: adeemsa wanta tokko wantoota biroo keessa filachuun hojiitti hiikuu ti jechuu dha. Murtee kennuun meeshalee hooggansaa keessaa is baay'ee barbaachisaa ti. Sababni isaas, murtee kennuun meeshalee hooggansaa keessaa tokko ta'ee **hojiilee hoggansaa warra biroo hundaa** (karoorsuu, qindeessuu, qajeelchuu fi too'achuu) keessattikan argamu waan ta'eefi dha.

Haalota murteen itti kennamu

Hooggantoonni milkaa'on, humna dhiibbaa naannoo kan isaan irratti dhiibbaa gaggeessuu fi murtee isaanittiin dhiibbaan irratti ta'u beekuufi hubannoo ga'aa qabaachuu qabu. Isaanis: murtee kennuu keessatti: **jiraachuu dhabuu caasaa, shakkii malee, shaakkii, balaa,walitti bu'iinsa, kan hiikan shaakkisiisa ta'eefi yeroon raawwachuu of keessatti hammatu.**

Maloota Murtee Kennuu

Rakkina kamiyyuu ilaaluu keessatti hojiin ulfaatan,rakkoo hiika bu'a qabeessa ta'een akkamitti akka fuula duratti deeman beekuu dha. Hooggantootni,rakkina garaagaraa furuuf maloota adda addaaarmaan gadiiti fayyadamu. Isaa keessaa muraasni :**mala miira namaa hubachuun murtee kennuu, mala Sababa qabeessan murtee kennuufi mala sababa malee murteessuu fa'i .**

2.2.1.4. Tartiibota murtee kennuu

Murtee kamiyyuu milkaa'aa taasisuuf,tarkaanfileen hordfamuu qaban :**Barbaachisumma murteef beekamtii kennu,Sababa beekuu fi xiinxaluu, Filannoowwan qopheessuu ,Filannoo barbaadame madaaluu fi filachuu (Evaluation and selection of desired alternative) ,Filannoo adda ba'e hojiirra oolchuu (Implementation of chosen alternative)**fi **Madaallii fi duub-deebii (Evaluation and feedback) dha.**

2.2.2. Meeshaa Hoggansaa-Qunnamtii)


Qunnamtiin:ogummoota milkaa'ina raawwii gochaalee hooggansaatiif baay'ee barbaachisan keessaa isa tokkoo dha. Qunnamtiin akka hidda-dhiigaa jireenya dhaabbataa ti laalama.**Qunnamtiin:** adeemsa odeeffannoon ittiin wal-jijjiiramuufi namoota lamaa fi isaa oli jidduutti hubbannoo umuu dha.

Adeemsota Qunnamtii

Adeemsa qunnamtii keessatti ;elementootni qunnamtii bu'a qabeessa taasisuuf barbaachisan kanneen akka**Kakaasaa fi si'eessaa, Koodessuu, Ergaa, Ergaa fudhataa, Bo'oo, Hiikkoo, Duub-deebiifi Gufuuwwanfa'i.**

2.2.2.3. Moodeloota Qunnamtii bu'uura ta'an

Sirni qunnamtii salphaan ergaa dabarsaan,bo'oo qunnamtii keessaa ergaa ergafudhataan dhaqqabsuu dha.Fknf ergaa dabarsaan duur-bu'a mana barumsaa yoo ta'eefaayidaan qunnamtii **barsiisoonni hojii barbaachisu ykn yaadame hojjachuu** dha. Fakkiin armaan gadii adeemsa moodela qunnamtii agarsiisa.



Gosoota qunnamtii (Types of communication)

Qunnamtiin,bu'uurasaa irratti hunda'uun bakka adda addaatti qoodama. Bu'uurri qunnamtii;kallattii yaa'ii mala qunnamtiifi bo'oo fayyadame jedhamuun adda ba'u.Kallattiin yaa'ii caaseffaman angoo dhaabbaticharratti hundaa'un qunnamtiin**bakka saditti qoodama**.

Isaanis:

a) **Qunnamtii gadee b)Qunnamtii olee fi c) Qunnamtii dalgee**

Haala **tamsaasaa** isaanii ykn **mala fayyadamame** irratti hundaa'uun qunnamtiin bakka armaan gadiitti qoodun nidanda'ama.Isaanis: a)**Qunnamtii barruub) Qunnamtii afaaniifi c)Qunnamtii jechaan hinta'inti.**

Hariiroo irratti hundaa'un immoo, qunnamtiin: **Qunnamtii idileefi Qunnamtii al-idileejedhamuun** bakka lamattii qoodamu.

. **Gufuuwwan Qunnamtii (Barriers to Communication)**

Gufuuwwan: rakkoolee qunnmtiin akka bilisaan hin adeemsifamne daangessanii dha. Gufuuwwan ijoo qunnamtiin akka hin milkoofne taasisan kanneen akka : **a) Yeroo sirriitti raawwachuu dhabuu ,Odeeffannoo ga'aa hin taane c) Bo'oo mijaataa hin taane d) Dandeettii hubannoo filatamaa e) Madaallii yeroosaa dursuu f) Miira g) Fakkeessuu h) Gufuuwwan xiin-hiika afaanii i) Si'aayinaa fi fedhii j) Xiyyeeffannaa ofirraa baasaa k) Amansiisummaa maddaa l) Calaluu m) Ajandaa dhoffamaa n) Haquu/balleessuu fi kkf.**

Qunnamtii milkaa'a taasisuu

Qabxiileen armaan gadii bu'a qabeessummaa/milkaa'ina qunnamtii fooyyessuu danda'an muraasni : **Kaayyoo qunnamtichaa beekuu, Beekumsaa fi hubannoo haalota qunnamtii qabaachuu, Xiyyeeffannaan dhaggeeffachuu, Duub-deebii gargaaramuu,Jettee jetteetti fayyadamuu, Karaa adda addaan ibsuu fi kkf fa'i.**

2.2.3. Meeshaa hooggansaa-Si'eessuu

Si'eessuun: adeemsa humna carraaqqii namootaa jajjabeessuu, qajeelchuu fi turuu akka danda'u taasisuu ti. Innis, adeemsa gochaa kakaasuu ti.Hoggantootnifi gaggeessitoonni amala hojjattootaa kakaasuun kaayyoo dhaabbatichaa dhugeessuutti irraa eegama.

Yaad-hiddamoota Si'aayinaa

Yaad-hiddamnii si'aayinaa itti quufinsaa kan irratti xiyyeeffatu gaaffii ***maaltu kakaasa jajjabeessaa ykn amala namoota carraaqqiif jalqabsiisa*** isa jedhu irrattii dha. Yaad-hiddama ittiquufinsaa keessatti;**gulantaalee fedhii ERGfi yaad-hiddamoota Qabattoota lamaa**argina.

A/ Yaad-hiddama Tartiiba sadarkaalee fedhii

Abrahaam Maaslow, yaad-hiddama si'aayina jedhu, kan baay'ee beekamaa fi bal'inaan faayida irra oolaa jiru dhiyeessan. Yaad-hiddamichi,yaadni namootaa **fedhiilee ramaddii shaniit**iin si'aayu isa jedhurratti hundaa'a. Isaanis:

1. Fedhiiwwan bu'uuraa: Isaan kun fedhii ilmaan namaa bu'uuraa xiin-qaamaa /baayoloojikaawaa kanneen akka: **soorataa, bishaan, iddoo jireenyaa, hirriiba, qunnamtii saalaa fi kkf. of keessatti hammata**. Akka dhaabbataatti yoo ilaallamu isaan kun, jieenya mirkaneeffachuuf fedhii mindaa gahaatiin ibsama.

2. Fedhiiwwan nageenyaa/Miidhama irraa bilisaa ta'uu: Fedhiiwwan kun**nageenyaa fi miidhama qaamaa fi miiraaa adda addaa irraa bilisa ta'u naannoo jireenyaa** ti. Fedhiiwwan nageenyaa fedhiiwwan amansiisaa/wabii qabu fi miidhama irraa bilisaa ta'u naannoo jireenyaa, eegumsa, wabii, hojii, sodaan/balaan jiraachu dhabuu, sirriitti kan too'atame, naannoo qulqulluu, wabii nageenya dinagdee yeroo dheeraa fi kkf of keessatti hammata.

3. Fedhiiwwan fudhatamummaa qabaachuu: Fedhiiwwan kanneen akka: **hiriyyaa birattii fudhatama argachuu, miseensa garee adda addaa keessatti hammatamuu, jaalalaa fi kabajaa, hirmaannaa garee fi firummaa/michummaa** fi kkf of-kessatti hammata. Dhaabbata keessatti fedhiiwwan akka: fedhii hojjattoota waliin hariiroo gaarii qabaachuu, hojii garee keessatti hirmaachuu, hooggantoota waliin hariiroo qajeelaa (positive relationship) qabaachuu fi kkf of keessatti hammata.

4. Fedhiiwwan ulfinaa/kabajaa: Fedhiiwwan kun isaan akka fedhii **ilaalcha qajeelaa ofiif qabaachuu fi xiyyeeffannaaa argachuu, beekkamtii argachuu, namoota biraarraa dinqiisiifanna argachuu,** fi kkf of-keessatti

hammata. Kunis beekamtiifi kabaja,amantaafi gaggeessummaa, dorgomummaafi milkaa'inafi jabeenyaafi qarummaa of keessatti hammata.

5. Fedhiiwwan kaka'umsa ofii dhugoomsuu: Kunhawwii waan namnii tokko ta'u danda'u hundaa ta'uu ti. Kunis: **milkaa'ina dhuunfaa, wantoota morkii raawwitiif hojjachuu, hawwii waan tokko beekuu, kalaqaa fi ogummaa, wanta dhugaa ta'e qofa fudhachuu, dandeetti qabu hundaa dhugoomsuu** fi kkf of keessatti hammata.

B) Yaad-hiddama ERG (ERG theory)

Clayton Alderfer, yaada jijjiiramaa fi caalatti amansiisaa ta'e, hiikaa fedhiiwwan gulantaalee irraa ka'uun, yaada ofii dhiyeessa. Yaad-hiddamni ERG,**ramaddiiwwan fedhii sadii**adda baasa. Isaanis: 1)**Fedhiiwwan jireenya**: Isaan kun fedhiiwwan **fayyummaa qaamaa** argachuu, 2) Fedhiiwwan **walitti dhufeenya**: kun fedhii **walitti dhufeenya quubsaa namoota waliin qabaachuu**fi3). Fedhiiwwan **Guddina**: kun guddina **dandeettii namootafi fedhii olaanaa, guddina dhuunfaafi daballii ga'umsaa** bakka bu'a.

C) Yaad-hiddama Qabaata lamaa:

"Frederick Herzberg",yaad-hiddama si'aayinaa beekama ta'e,yaad-hiddama qabataa-lamaa jedhu yoo dhiyyeessuu, qabattoonni lama kophaa kophaatti quufinsaa fi quufinsa dhabuu hojjatichaatiif gumaacha taasisu yaada jedhu dhiyeessa. Qabattoonni lamaan: **qabattoota hygienefi si'eessitoota** jedhamuun beekkamu.

i) Qabata hygiene: Qabattoota jiraachuu ykn jiraachuu dhabuu hojiitti gammaduu, kanneen **akka haalota hojii, kafaltii, imaammata kaampaanichaa, hariiroo jidduu namootaa** fi kkf of keessatti hammata. Qabattoonni hygiene quufa dhabuu/gamachuu dhabuu qofa ittisu/dhowwu

ii) Si'eessitoota: Si'eessitoni,qabattootaa hojiitti gammaduu irratti dhiibbaa taasisanii dha. Isaanis guutamu fedhiiwwan sadarkaa olaanoo kanneen akka**: galma ga'uu, beekamtii argachuu, fi carraa guddina** of keessatti hammatu. Akka 'Hertzberg,' amanutti, si'eessitoonni yoo jiraatan hojjattoonni baay'ee siyaa'uu akkasumas hojii isaanitti gammadu/quufuu.

2.2.4. Meeshaa Hoggansaa-Gaggeessummaa

Hiikkoolee Gaggeessummaa (Definitions of Leadership)

Gaggeessan jijjiiramaa fedhii dhaabbataa irratti hundaa'un fooyya'aiinsa itti fufaa keessa kan dhufee dha. **Gaggeessummaan:** dhiibbaa qajeelaa taasisuun kaayyoo dhaabbaticha galmaan ga'uu of keessatti hammata.Innis,jijjiiramaafi aangootti fayyadamuu of-keessaa qaba. Baroota dhiyoo keessattii,**garaagarummaa hoggansaafi gaggeessummaa** jidduu jiru baay'een tuqameera.

Haa ta'u malee,lamaan isaaniiyyu dhaabbataaf barbaachisoo dha.Garaagarummaan isaanii : maddaa **aangoofi adeemsa hojii** ti. Kunis **angoon hoggansaa caasaa dhaabbatichaa irraa kan dhufu yoo ta'u**, aangoon **gaggeessaa ammoo madda dhuunfaa(kanneen akka: fedhii dhuunfaa, galmaa, sonaa fi kkf) dhaabbataan kan hin kennamnee dha.**

Angoon hoggansaa tasgabbii jajjabeessa ,ajajaafi rakkoo furuu caasaa dhaabbatichaa irratti kanhundaa'a yoo ta'u, **angoon gaggeessaa** ammoo; **mul'ata, kalaqaa fi jijjiirama** dhaabbaticha jajjabeessa.

Mul'anni (vision):wantoota gaggeessaa bu'aa qabeessaaf barbaachisan keessaa isaa tokkoo dha. Miiraa egeree ifaa ta'eqabaachuufi milkaa'ina bira ga'uufis, gochaalee barbaachisan adda baasuu gaafata

Akkaatalee Gaggeessummaa (Leadership Approaches)

"Amalli geggeessaa milka'aa maali Ykn immoo, akkaataan geggeessummaa milka'aa isa kami " yaada jedhurratti qorannoon hedduun geggeeffamaniiru. Qorannoowwan taasifaman baay'inni isaanii kan irratti xiyyeeffatan: gaggeessan akka **amalaatti (traits)** qoratamu qabaa moo, akka **yaad-qalbiitti (behaviors)** qoratamu qaba isa jedhuufigaggeessummaan akka **namoota waliigalaa ykn akka garee addaatti** qoratamu qaba isa jedhuu dha.

Inni **Akkaatan waliigalaa (universal approach**) jedhu haalotaaf otoo xiyyeeffannaa hin kennin dhaabbata ga'umsaan hoogganuuf **karaan hundarraa caalu tokkoo ni jira** jedhee amana. Qorannoon **akkaataa garee**ammoo,karaan hundarraa caalu haalarratti hundaa'a jedhee amana.

A/ Akkaataa Amala gaggeessummaa (Trait approach to leadership)

Akkaata amala geggeessummaatti, ga'umsi geggeessaa waan geggeessaan **dhuunfaatti qabu**irratti hundaa'a jedhu. Yaad-hiddamichii gaggeessan **maal hojjata jechuu caalaa maal fakkaata kan** jedhurratti xiyyeeffannaa addaa kenna. Wantootni dhunfaa geggeessaas kanneen armaan gadiiti .

- **Amaloonni dhuunfaa baay'een** (kanneen akka: **Yaada haaraa burqisiisuu, kaka'umsa, kutannoo, beekumsa, fedhii guddaa);** Amaloota hawaasummaa(dhugaa, obsa, naasuu namaaf qabaachuu, fi kkf) fi
- **Amaloota qaamaa** (kanneen akka: **dheerinaa, ulfina, bareedinaa**, fi kkf) gaggeessitoota adda baasuuf qoratamaa turan (Byars 1996:296).

B/ Akkaataa yaad-qalbii gaggeessummaa (Behavioral Approach of leadership)

Yaad-hiddamni kun ga'umsi gaggeessaa, **gocha fudhatamuufi bu'a argamerratti hundaa'a** jedhee falma.Dhimma kana laalchisee qorannoon gareen jiddu-galeessa wiirtuu qorannoo yaad-qalbii taasisan yaad-hiddamoota armaan gadii dhiyeessan.

Qorannoo IOWA: Akka qorannoo wiirtuu kanaatti amala gaggeessaa akkaatale gaggeessummaa sadii bira ga'ani jiru **.Isaanis:** i)**Gaggeessaa humnaa :kan murtee baay'inaan ofiin gareeleef taasisu, ii) Gaggeessaa akka feetee: namoonnii garee murtee hunda ofiin akka murteessan kan taasisufi iii)Gaggeessaa dimokraatawaa: ammoo gareen akka ofiin murteessuu qajeelchun jajjabeessu** jecuun adda baasan.

Qorannoo Ohio fi Michigan: ogeeyyiin yuniversiitii Ohio fi Michigan akka ibsanitti immoo geggeessitootni; i)**Gaggeessaa baay'inaan hojiif dhimmamufi ii)Gaggeessaa baay'inaa namootaaf** dhimmamujehuun bakka lamatti qoodani.Bu'aan qorannoo yeroo dhiyoo ammoo akka mul'isuttii **gaggeessitoonnii dhugumatti bu'a milkaa'oo dhimmamuun isaanii hojii fi hojjattootaaf qaban guddaa ta'uu** argisiisa

C) Yaad-hiddamoota gaggeessaa haalarratti hundaa'e (Situational theories of leadership)

Yaad-hiddamin kun immoo milkaa'ina gaggeessaatiif **jijjiirama haalaa** hubachuuf yaalii gochuun barbaachisaa dha yaada jedhu qaba. Kana jechuun,**qabattonni haalawoob**aay'een milkaa'ina gaggeessaa keessaa waa jiraniif, **malootni haalawoo**baay'een barbaachisoo ta'uutt amana. Yaad-hiddamonikunis,kanneen akka **Yaad-hiddama hirkataa Fiedler, Yaad hiddama haalawaa Heresy-Blanchard, Yaad-hiddama daandii-galmaa Hose fi Gaggeessummaa Post-Heroic fi kkf** haala irratti hundaa'uun filatamuu akka qaban ibsa

Gaaffilee of-iyyaaffannoo

1. *Hojiilee ijoon hooggansi tokko raawwatu maalfaa akka ta'e barreessi/ maalummaa fi faayidaa saanii addaan baasii ibis*
2. *Seera/prinsippilii hoggansaa irratti ejjannoon kee maal?*
3. *Meeshaalee hoggansaa kanneen jedhaman maal fa'I ?*
4. *Garaagartummaa hoggansaa fi Geggeessummaa gabaabinaan ibisi*

BOQONNAA SADII

Supparviizyinii Barnoota keessatti

Ga'umsa Boqonnichaa

Boqonnaa kana barattee erga xumurteen booda:

- Hojiilee mana barumsaa supparvaayizii ni geggeessita.
- Gochaalee mana barumsaa fooyyessuuf qorannoo gochaa ni gaggeesita.
- Naannoo mana barumsaa guddina ogummaa barsiisotaatiif miiataa ni taasifta

3.1 Yaad-rimeefi moodeloota supparviizyinii barnoota keessattii

3.1.1. Hiikolee supparviizyinii

Supparviizyiniin hammayyaa akka tajaajila kamiyyuu kan barsiisotaaf godhamuun bu'aan isaa barachuu, barsiisuu fi sirna barnootaa fooyyessutti ilaallama.

Okumbe (1999) akka ibsetti, **akka aadawwiittii (traditionally**) suppervizhiniin kan xiyyeeffatu raawwii waliigala barattootaa; naannoo gosa barnootatti, mala barsiisan ittiin barsiisuu fi madaalu irratti, haala waliigala barsiisan mana barumsaa itti qabatee fi baajatni barnootaaf ramadame seeraan hojii irraa oluu fi dhiisuu isaa mirkaneeffachuuf ture. Gabaabummattii, yaad-rimeen **supparviizyinii yeroo durii kun amala inispekshinii kan qabuu fi hojiin inispekteraa irraa caalatti hoggansaa osoo hin ta'in seeroma ilaaluttii jal'ata/hirkata**.

Supparviizyiniin;***tajaajila barsiisotaaf akka dhunfattiifi gareettii dhiyeessutti ilaallama. Supparviizyiniin karaa gargaarsa barsiisotaaf kennuun barnoota fooyyessuun, milkaa'ina barattootaa ittn dhugoomsani dha..***

3.1.2. Moodeloota supparviizyinii

Moodeloonni supparviizyinii: tooftalee too'annoo supparvaayizaraan, hiriyyaan yookiin ammoo namaa dhuunfaa gochaale barnoota madaalun karaa fooyya'insaaf tumsaaniin qajeelfamuu dha(white & Daniel, 1996). Moodelootii kun**iddoo sadiitti qoodamu**. Isaanis: Qajeelfama (directive), miti qajelfama (non-directive) fi wal- tumsu(collaborative) jedhamu(Glickman et al, 2001). Isaanis:

Too'annaa Qajeelfamaa: qajeelfamaa wantoota supparvaayizarri barbaaduu barsiisotaaf karaa ifa ta'een dabarsuuf kangargaaru dha. Moodelli kun **mala angoo gulantaatti fayyadamuun yaadni isaanii akka hojiitti hiikamu dirqisiisuuf gargaara**. Moodelli kun baay'innaan kan fayyadu **yoo barsiisichii muuxannoo xiqqaa qabaate**dha.

Too'annaa wal-tumsuu: Moodellii supparviizyinii too'annoo wal-tumsuu murteewwan barnootaatiif **hirmaannaa walqixaa irratti bu'ureffata**. Malli kun irra caalatti hojjirra kan oolu **supparvaayizara fi barsiisota sadarkaa ogummaa gosa tokkoo irrra yoo** jiraatanii dha.

Too'annoo mit qajeelfamaa: Malli kun: dhaggeeffachuu, calaqqeessuu, ibsuu, jajjabeessuu fi rakkoo furuu of keessaa qaba. Malli kun kan faayidaa irra oolu **yoo barsiisonni ogummaa fi beekumsaa guddaa supervaayizera caala qabaatanii dha**. Yoo mala kanatti fayyadamu supparvaayizarri murteessummaa kan hin qabnee fi akkasumas bariisotii akka waltajjii qajeelchan eeyyamu qaba

Kutaa-lama: Tooftalee fi hojiiwwan supparviizyinii

3.2. Tooftalee supparviizyinii

Karoora supperviizihinii keessatti yoo xiqqaatan filannoowwan shan qophaa'un mana barumsaatti itti hojjatamu. Isaanis:

1) **Supparviizyinii Barnootaa:** Supperviizhiiniin geengawaa gochaalee (cycle of activities) raawwii daree barnootaa fooyyessuuf supparvaayizara fi barsiisaa jiddutti taasifamanii dha(Patrick & Dawson, 1985).

Kaayyoon supparviizyinii barnootaa, barsiisota fooyya'iinsa barnootaa irrattii deeggaru dha(Goldhammer, Anderson & Krajewki, 1993, Hoy & Forsyth, 1986; Lovell,1978).

2) **Supparviizyinii kiliinkaalii:** Supparviizyinii kiliinikaalii jechuun **supparviizyinii kutaa keessaa ti**

Supparviizyiniin kun barsiisotaa fi supervaayzerrii kallattiin waliin hojjachuun raawwii barsiisotaa fooyyessuu irraatti xiyyeeffata.Supparviizyiniin kiliinkaalii; sadarkalee wal-duraa duubaa keessatti raawwata. Innis **sadarkaalee shan** qaba. Isaanis :

Sadarkaa 1ffaa: Marii daawwannaan duraa/pre-observation conference

Mariin daawwannaa duraa, **sagantaa daawwannaa daree dursuun barsiisaa waliin taasifamu** dha.Faayidaan marii daawwannaa duraa hariiroo gaarii supparvaayzerafi barsiisicha jidduuttii uumuuf carraaqqii taasisa.

Sadarkaa 2ffaa: Daawwannaa daree

Sadarkasupparvaayizarri **barsiisaa kutaa keessatti yoo barsiisu daawwatu dha.. Daawwannaan kun walitti dhufeenna karoora dursa qophaa'ee fi hojii qabatama jidduu jiru ilaala. Ogummaawwan og-barsiisuumma barsiisaaf gargaaran kennuuf yeroo supparvaayizarri dirqama barnoota gad-fageenaan jalqabaa kaasee hangaa dhumaatti hordofuu qabu dha..**

Sadarkaa 3ffaa: Daawwannaa daree xiinxaluu fi tarsiimoo

Yeroo supparvaayizaroonni wantoota daawwatan itti xiinxalan, ta'umsoota daawwataman yaadota yeroo marii daawwanna duraa ka'aniifi karoora supparvaayizara akkasumas tarsiimowwan marii daawwannaa booda irratti fayyadamaniin xiinxalanii dha.

Sadarkaa 4ffaa: Marii daawwannaa boodaa/post-observation conference

Mariin kun yeroo supparvaayizarri daawwanna ilaalchisee duub-deebii kennuu dha. Sadarkaan kun yero rakkinoota qunnamanfi hojii fuula duraaratti kallattii kaawwatanii dha

Sadarkaa 5ffaa: Xiinxala marii daawwannaan boodaa/Post observation conference Analysis

Sadarkaan kun yeroo suppervaayiizerrii haala qunnamtii yeroo daawwannaa, bu'aa qabeessummaa tarsiimowwan fayyadamanii, ga'ee barsiisaa yeroo marii, fi yaada irratti mari'atame irratti jijjiiramni hagam dhufe waan jedhu kan iyyaafatuu dha.

3) **Supparviizyinii hiriyyaa hojiitiin taasifamu**

Supparviizyiniin hiriyyaa hojii waliin taasifamu, **Supparviizyinii Gamtaa** jedhamuun beekama. Adeemsa supparviizyinii hiriyyaa hojiitin taasisuu keessattii,ogummaa isaanii guddifachuuf jecha barsiisonnii woliin hojjachuuf dursa walii galuu qabu. Supparviizyiniin hiriyaa hojiitin gaggeeffamu akkaataa garagaraa **shan** irratti gaggeeffamuu danda'a. Isaanis:- **Marii ogummaa, Sirna barnoota ijaaru, Supparviizyinii hiriyyaa, Leenjii hiriyyaaf Qorannoo gocha ti.**

4) **Supparviizyinii hin idileeffamnee**

Supparviizyiniin hin idileeffamne **kan barsiisonnii osoo itti hin yaadin akka tasaa supparvaayizarootaan ilaalaman** yoo ta'u, isaan akka: daawwannaa daree barsiisaa, waa'ee hojii isaanii irrattii barsiisota wajjiin haasawa taasisuu, fi gochaalee hin idilaa'in adda addaa of keessatti hammachuu danda'a.

5) **Supparviizyinii qorannoo bu'uureffate (Inquiry-based supervision)**

Gosti kun kan**bifa qorannoo gochaa yookiin filannoo dhuunfaan rakkoof furmaata barbaaduu, akkasumas rakkina baruu fi barsiisuun walqabate tokko furuuf carraaqqii gareen taasifamu** argisiisa.

3.3. Hojiilee fi ga'eelee Supparviizyinii

Hojiilee supparviizyinii Barnootaa

Hojjiiwwan supperviizihinii barnootaa, hojiilee garagaraa tooftalee adda addaatiin ogummaa barsiisaa ol-guddisuu taasifaman of- keessatti hammata. Isaanis:- 1 .Gargaarsa kallattii barsiisaaf taasisuu, 2. Garee ijaaruu, 3. Ogummaa guddisuu, 4. Sirna barnoota qopheessuufi 5. Qorannoo gochaa of- keessaatti hammata

BOQONNAA AFUR

4. Fooyya'iinsaafi Jijjiiramoota Mana Barumsaa

Kutaa tokko: Yaad-rimee fi Murnoota Fooyya'iinsa Mana Barumsaa

4.1. Hiikaa fi Sababoota Bu'uuraa Fooyya'iinsa Mana Barumsaa

Ga'umsa Boqonnichaa

Boqonnaa kana ergaa barattee xumurtanii booda

- ✓ Yaad-rimee fi sababoota bu'uuraa fooyya'iinsa mana barumsaa ni hubattuu.
- ✓ Tarsiimowwan fooyya'iinsa mana barumsaatiif gargaaraan adda baafattu.
- ✓ Murnoota fooyya'iinsa mana barumsa ni beektu.
- ✓ Yaad-rimee fi sababoota bu'uuraa jijjiiramaa, argannoo fi fooyya'insaa ni dinqisiifattuu.
- ✓ Maddootaa fi gosoota jijjiiramaa addaan baafttuu.
- ✓ Adeemsa jijjiirama karoorfamaa dhaabbilee barnootaa ni hubattuu.

4.1.1. Hiikaa fooyya'iinsa mana barumsaa (Definition of School Improvement)

Akka imaammatanaannoo barnootaa yeroo ammaatti; sadarkaan milkaa'ina mana barumsa baay'inaafi qulqulina raawwii mana barumsaatin murteeffama. Hiikaa isaarraa akka hubatamutti,manneen barnootaa milkaa'oon bu'a asiifi achi hin raafamnefi barattoota mana barumsichaa keesa jiran hundaaf hojii irra ooluu danda'u oomishuu qabu (Hoy,2008).

Qorattoonnii akka ibsanittii, raawwii barattootaafi sadarkaa milkaa'ina mana barumsichaa jidduu hariiroo kallattiitu jira(Canberra,2004). Manneen barnootaa bu'aa qabeeyyii/milkaa'oon barnoota fooyya'e (qulqulluu) dhiyeessuuf dandeettiifi cimina barbaachisu ni qabaatu. Karaa kanaanis baay'ina fi qulqullina raawwii isaanii(keessattuu raawwii barattoota irratti) ni dabalu.

4.1.2. Sababoota Bu'uuraa Sagantaa Fooyya'insa Mana Barumsaa/SFMB/

Sagantaan kun manni barumsaa iyyaafannaa ofii (self-assessment) taasisuun bulchiinsa leecalloowwanii karaa bu'aa qabeessaa fi ga'umsa qabuun hirmaachisee, dandeettii isaa karaa ittiin cimsatuu dha. SFMB yaad-rimee milkaa'ina mana barumsaa jedhu, *hamma manni barumsichaa galma kaa'ame bira ga'eetiin ibsa.*

A) Fooyya'iinsa mana barumsaa Jijjiirama waliigalaa galtee irraa garaa bu'aatti godhamu

Yaad-rimeen sagantaa fooyya'insa mana barumsaa jijjiirama waliigalaa; galtee (input) irraa gara bu'atti (out put) godhamu waliin hariiroo qajeela qaba.

Sirna barnootaa keessatti **galteewwan**kanneen akka:**barattoota galmaa'anii, barsiisotaa, bulchiinsaa hojjattootaa, meeshalee fi leecalloowwan mallaqaa** of keessattii qabata. **Bu'aan** ammoo; **raawwii barattootaa, fooyya'iinsa barnootaa, maloota barataa jidduu-galeeffatan, raawwii barsiisaa**fi kkf. of keessatti hammatu.

B/ Kaayyoolee Sagantaa Fooyya'insa Mana Barumsaa

Kaayyoleen SFMS: i) Fedhiiwwan duraa duuba isaani eegsifameen karoorsuun qulqullina barnootaa fooyyessuuf dandeettii mana barumsa cimsa. **ii)** Mana barumsaatiif hirmaanna hawaasatiin galiiwwan adda addaa uumuu, leecalloowwan karaa baasii xiqqaan bu'an guddaan argamuu danda'uun hojirraa oolchuuf. **iii**) Dandeettii mootummaan qarshii deeggarsa manneen barnootaa sadarka aanaa fi mana barumsaatti taasisu fooyyessuufi.**iv**)Leecalloowwan ga'a ta'an mana barumsaaf dhiyeessuun naannoo mana barumsaa fooyyessuuf dha.

C) Qajeelfamoota Fooyya'iinsa Mana Barnootaa (Principles of School Improvement)

Qajeelfamoota SFMS keesssaa muraasni kan armaan gadiiti. Isaanis:

Manni barumsa;ergama ifattii beeksifame ykn galmoota kaa'man qabaachuu, Milkaa'inni mana barumsaa dhiyeennatti to'achuu, Dhiyeessin barattoota hundaaf taasisuu,Barsiisonni gumaacha barbaachisu mana barumsaatiif akka godhantaassuu,Hooggansii fooyya'iinsa barsiisotaatiif; gargaarsa, odeeffannoo fi yeroo ga'aa kennuu, Jajjabeessituun, beekkamtiinfi badhaasnii barsiisotaa fi hooggantootaaf carraaqqii ergama mana barumsa dhugoomsuuf taasisamiin ni kennamaaf.

4.1.3. Murnoota Sagantaa Fooyya'iinsa Mana Barumsaa (SFMB)

Murnootni ijoo manneen barnootaa keessatti barnootaafi bu'aa barnoota ykn fooyya'iinsa manneen barnootaa irratt dhbbaa godhan afran kanneen armaan gadiiti.Isaanis:

1. **Baruu fi Barsiisu**

Baruu barsiisuun qulqullina qabu, gochaa qabatamaa irratti hundaa'ee haalotaa gara fuula duraas kan ilaalcha keessa galchuun, barattootaa dandeettin isaani gabbatee uumuun alattii barsiisonnii fi barattoonnii ga'umsaa fi cimana qaban akka oomishamaniif akkasumas dandeettii kuufamaatti fayyadamuun tattaaffii olaanaan kan itti dhugoomuu dha.Kana gochuufis barsiisotni hojiilee armaan gadii raawwachuun irraa eegama. Isaanis: **Barsiisonnii barnoota barsiisan karoorsuu fi qophii ga'aa irratti gochuun dhiyeessuu, Barattoonni waa'ee barumsa baratanii beekumsaa fi dandeettii argachuu isaanii mirkaneessuuf madaallii itti fufaa yeroo yerootti gaggeessuu,Adeemsa barumsaa bu'a qabeessa ta'eef barattoota kakaasu,Garaagarummaa saalaa, fedhii addaa fi dandeettii barattoota hubachuun hojii sirrii ta'e hordofuu fi kkf dha.**

2. **Naannawaa fi haala mijaawa barnootaa**

Naannoon mana barnootaa sochii baruu fi barsiisuuf mijaa'aa, nagaa qabeessaa fi kan nama hin yaaddessine ta'uun isaa barattoonni fedhii barumsaa isaanitiif qaban akka dabaluu fi fudhannaa barumsa isaaniifis fooyya'aa akka ta'u gochuu keessatti ga'een inni qabu olaanaa waan ta'eef, naannoon mana barnootaa mijaataa fi nagaa qabeessa akka ta'u sochiin cimaan ni godhama.

3. **Hirmaanaa Hawaasaa**

Jijjiiramaafi fooyya'iinsa manneen barnootatiif,ga'een maatiifi hawaasaa ol'aanaa dha. Bu'uuruma kanaan maatiin oolmaa ijoollee isaanii kan mana barumsaa hordofuu, too'achuu, akkasumas daawwii idilee fi al-idilee gochuun barsiisota mana barumsaa waliin haala barumsa ijoollee isaanii irratti marii akka godhan tattaaffin walirraa hin cinne taasifamuun barbaachisaa dha.

4. Hooggansa mana Barnootaa

Hoggansi mana barnootaa; **mul'ata ifa ta'e** qopheessuufi hawaasa mana barnootaa waliin tumsuufi, qajeelfamoota baasuun gara mul'atichaattii deemuu qaba. Mul'atichi barataa giddu-galeessa kan godhatee fi barsiisotaaf xiyyeeffannaa kennuudhan fooyya'insa wali irraa hin cinnee kan barbaadu dha.

Qaamni bulchiinsaa fi hooggansa mana barnootaa kan hammatu: dura bu'oota, itti aantota durbu'oota, koreewwan barnootaa sadarkaa sadarkaan jiranii(barsiisota, barattoota, maatii fi uummata naannoo irraa kan walitti babba'an) fi mana barnootaan alaa ogeeyyii barnootatii fi itti gaafatamtoota sadarkaa sadarkaan jiranii dha.

Kuta lama: Hiikkoowwan, Maddaa fi Gosoota Jijjiirama Barnootaa Keessattii

4.2. Hiikaawwan jijjiiramaa, Argannoo fi Fooyya'insaa Barnoota keessatti

4.2.1. Hiikaa jijjiiramaa

Hiikaan jechootaa akka kaa'uttii,**jijjiiramnii**"***gocha adda taasisuuti***". Havelock and Huberman (1977:32),**akka hiikanitti jijjiiramni "*ta'umsaa ykn gocha sadarkaa wanti tokko duraan irra turerraa geeddaruu*" ti.**

Schoen and Durand(1979:240), akka hiikanitti jijjiramni *"geeddarumsa sonaa, ilaalchaa, dandeettii hubannaa yaad-qalbii gara bifa haaratti* taasifamuu dha" jedhu.

Kaayyoon jijjiiramaa barnoota keessatti,**ga'umsa waliigalaa mana barumsichaa fooyyesuu dha**. Barnoota keessattii jijjiiramni sababa :argamuu beekumsa haaraa, fayyadama teknoolojii haaraa, fedhii maatii barattootaa, Fedhii qooda fudhattootaa, argannoo sirna barnootaafi Jijjiirama imaammataa kkf dhufuu danda'a.

4.2.2. Hiikaa Argannoo

Argannoon; **waan haaraa ta'e tokkoo malee waan duraan jiru bifa jijjiirratee miti**. Hiikaan argannoofi jijiiramaa,wal-keessa fayyadamama. Garuu,hiikni isaanii tokkoo mit. Jijjiirama hundaayyuu akka argannootti ilaalun garaa dogoggoraatti nama geessa. Argannoon ; amala bu'uurawaa kan qabu,Kan itti yaadamee fi Yaada fooyya'iinsaa kan qabudha.

4.2.3. Fooya'iinsa Barnootaa

Fooyya'insi(reform) gosa jijjiirama addaa ti. Fakkeenyaaf ;tarsiimoo karoorfamuun sirna barnoota biyyittii irratti kallatti muraasa irratti geeddarumsa taasisuu.

4.2.4. Maddoota jijjiirmaa Barnootaa

Akka Huberman(1975) tti maddootni jijjiiramaa " jijjiirama **sababa waan haaraa uumuu/kalaquu" fi " jijjiirama sababa hanqinaa"** jedhu akka maddaa jijjiiramaatti adda baaseera.

4.2.5. Gosoota Jijjiiramaa

Jijjiiramootni yeroo kamiyyuu,haala kamiyyuu keessatti ta'an, karaa adda addaatiin adda ba'uu danda'an. Isaan kana keessaa muraasin:

1/ **Jijjiirama akka tasaa fi karoorfamaa** 2/ **Jijjiirama deebii kennuu fi kan dursa kakaasu 3/ Hammamtaa fi gosaa jijjiiramaa**

Kutaa sadii: Ittisa/rincica Jijjiiramaa fi Karaalee Rincica Ittiin Injifatan

4.3.1. Sababoota Rincica Jijjiirama Barnootaa

Sababoonni baay'een rincica jijjiiramaa barnootaa keessatti yeroo baay'ee ka'umsi isanii **wal qunnamtii laafaa jiddduu abbaanaa jijjiirama, namticha jijjiiramicha hoogganu, sirna maamilaa, nama ykn garee namoota abbaa jijjiiramaatin, gargaaramu irraa madda** (Stoner and Wankel, 1986:355).

Sababootni rincica jijjiiramma kanneen akka :***Sodaa waan hin beekamnee, Hanqina odeeffannoo, Odeeffannoo dogoggoraa, Doorsisa sadarkaa isaan hawaasa keessatti qabanii, Doorsisa aangoo, Faayidaa hin fudhatamin, Haala dhaabbatichaa amanuu dhabuu, Wal-qunnamtii laafaafi Sodaa kufaatii kkf ta'uu danda'a.***

4.3.2.Ittisa rincica Jijjiirama

Tooftaaan adda addaa hoggantootni mana barumsaa rincica jijjiiramaa xiqqeessuuf fayyadamankanneen armaan gadiiti .Isaanis: **Hirmaachisuu,Qunnamtii,Badhaasota, Gargaaruu, Karoorsuufi addabbiin hojjeechiisuu** ta'uu danda'a.



Gaaffilee of-iyyaaffannoo

Gaaffilee armaan gadii jechoota mataa keetin erga ibisitee boodaa kan yaadannoo kanaan wal-biraa qabuun hiikoomaalummaa tokkoo-tkko isaanii qalbeefadhu.

i) Fooyya'insii mana barumsaa maal?

ii) Sagantaa fooya'insa mana barumsaa beeksisuun maaf barbaachise?

iii) Kaayyolee fooyya'iinsa mana barumsa tarreessi?

iv). Murnoota sagantaa fooyya'insa mana barumsaa ibsa itti kenni!

V) Jijjiirama, argannoo fi fooyya'iinsa barnootaa hiiki!.

Gaaffilee armaan gaditti kennamaniif flannowwan kennaman keessaa qubee deebii irra caalaa sirrii ta'e qabate filachuun bakka deebiif kenname irratti barreessuun deebisi

1.Dhaabata ilaalchisee yaadni dogoggora ta'e isa kami?

A) yaad-rimeen dhaabbata jedhu jireenya namaan dura jalqabe. C) Dhaabatni adeemsaan kan jijjiiramuudha.

B) Dhaabbatni ijaarsa namoota dhuunfaati .D)Kaayoon dhaabbataa haalaa waliin jijjiiramuu danda'a.

2._____adeemsa waan garafuuladuratti hojjetamu irratti murteessuuti

A) Qindeessuu B) karoorsuu C) Qajeelchuu D) ijaaru

3.Gulantaan hoggansaa miseensota garee hoggansaa baaay'ee of- keessatti hammatu __

A) Hoggansa dhihoo B) Hoggansa olaanaa C) Hoggansa giddugaleessa D) A fi C deebiidha

4. Kan Dhaabbata idilee hin ibsine isa kami?

A)Nam-maleedha B) Caasaa idlee qaba C) Kaayyoo murta'aa qaba. D) Sirna aangoo qaba

5. Humni miseensonni hojii dhaabbataa irratti akka murteessaniif karaa dhaabbataa kennamu __

A) aangoo B) ittigaafatamummaa C) gaheehojii D) qunnamtii

6.Gosoota qunnamitii keessaa karaan hoggansa olaanarraa hojjetoota biroof odeefannoo dabarsuuf gargaaru isa kami?

A) Qunnamitii dalgee B) Qunnamtii oleeC) Qunnamitii GadeeD) hundi deebidha.

7. Kanneen keessaa kan Si'eessitoota waliin wal-qabatu isa kami?

A)Haalotahojii B)Kaffaltii C) Galmagahinsa D) Hariiroojidduunamootaa

8. Moodelli supparvizyinii" to'annaa qajeelfamaa "barsisota kanneen kamii firracaalaa fayyada ?

A)Barsiisota muuxannoo dheeraaa qabaniif B) Barsiisota muuxannoo gadaanaa qabaniif

C) Barsiisota muuxannoo wal-gitu qabaniif D) deebii hinqabu

9. Sadarkaa supparvizyinii kilinikalii keessaa bakki supparvaayizarri ogummaawwan og-barsiisummaa Barsiisaa itti adda baafatu --- A) Marii daawwannaan duraa B)Daawwannaa daree

C) Marii daawannaan booda D) hundi deebidha

10. Kanneen keessaa kan adda ta'e isa kami? A)Baratoota galmaa'an B)Barsisota

C)Fooyya'nsa barnootaa D) Meeshaalee baruu-barsiisuu

11. Sababa rincica jijjiiramaa kan hintaaneisa kami?

A)Sodaawaan hin karoorfamnee B)Hanqina Odeeffannoo

C) Fayyadamtoota hirmaachisuu D)Sodaa kufaatii

12. Leeccallowwan kanneen keessaa kaayyoo dhaabbata tokkoo galmaan ga'uuf gahee olaanaa kan qabu isa kami? A)Humnanamaa B)Qarshii C)Yeroo D)Meeshaa

13. Gulantaalee hojii dhaabbata tokkoo keessatti karoora gochaa qopheessuun ga'ee -------ti.

A.) Hooggansa olaanaa B)Hooggansa g/galeessa C) Hooggansa dhihoo D) Hojjetoota deggersaa

14. Meeshaalee hooggansaa milka'oo keessaa tokko ta'ee hojiilee ijoo hooggansaa kanneen biro keessatti Kan argamu kami? A.) Qunnamitii B) Murteekennuu C).Geggeessummaa D) Karoorsuu

15. Adeemsa murtee kennuu armaan gadii keessaa kamtu dursa ?

A)Yaada furmaataa madaaluu B)Yaada furmaataa tarreessuu

C)Rakkoo adda baasuu D) Yaada furmaataa filachuu

16.Adeemsi dhiibaa qajeelaa gochuun fedhii hojjetootaa dabaluun galmagahinsa hojii tokkoof akka Gumaachan gochuu____. A.)Hoggansa B) Geggeessummaa C).Qunnamtii D).Murteekennuu

17. Karoorsuu ilaachisee yaadni sirrii ta'e isa kami ?

A) Karoorsuun gochaalee fuuladuraa hundarratti murteessuudha. B) Karoorsuun haalaa waliin jijjiiramuu hinqabu

C) Karoorri daangaa yeroo qabaachuun barbaachsaa miti D) Karoorsuun yaaddoo hoggantoota hundaati.

18. Gosoota karoorsuun walqabatee Kanneen keessaa kan adda ta'e kami?

A) Kaayyoo B) sagantaa C) jaatanii D) Baajata

19. Obbo Furaan Hogganaa Mana Barumsaa "**Biqiltuu Sad. 1ffaati.**"Garuu Karoora barannoo barsiisotaasaa Qajeelchuu hindandeenye. Rakkoonsaa Irra caalaan maal ta'uu danda'a ?

A) Hanqina ogummaa Hojii B) Hanqina Ogummaa Barsiisuu

C) Hanqna Ogummaa Walii-galaa D) Hanqina ogummaa Walittidhufeenyaa

20.Akka Abraham Maaslowutti, kan **fedhiib u'uuraa** jalatti hin hammatamne kami ?

A) Soorata argachuu B) Iddoo jireenyaa C) Balaarraa bilsa ta'uu D)Hirriba

21. Ga'ee hojii kallattii hoggansa olaanaa dhaabbata tokkoo kan ta'e ___dha?

A) Hojii hoggansa dhihoo to'chuu B) Imaammata Qopheessuu

C) Karoora gochaa Qopheessuu D) hojii guyyaa hojjetootaa to'achuu

22. Inspekshini ilaalchisee kan dogogora ta'e isa kami ?

A) Aadawaadha B)Dogoggora barbaadurratti xiyyeefata

C) Madaalliirratti xiyyeefata D)Deggersa ogummaa kennuurattixyyeefata

23. Mul'ata mana barumsaa ilaalchisee yaadni sirrii ta'e isa kami?

A) Hogganttoota mana barumsaan qofaan qophaa'a B) Barsiistaafi koree Gamtaa Maatiin qophaa'a

C) Maammiltoota hunda hirmmaachisuunq ophaa'a D) Waajjira Barnootaan qophaa'a.

24.Sagantaa Fooyya'nsa mana baumsaa keessatti hojii barsisotaa ilaalchisee kan dogoggorata'e ____

A) Waan barsiisan irratti karooraafi qophii ga'aa gochuu B)Iyyaafannaa walittifufaa yero yeroon geggeessuu

C) Baratoota hunda tooftaa wal-fakkaatuun barsiisuu D) Jijjiirama barataarratti dhufu madaalaa deemuu

25. Meeshaalee hoggansaa milkaa'oo keessaaa kan hidda dhiiga jireenya dhaabbatatti kan ilaalamu _

A)Murtee Kennuu B)Geggeessummaa C)Qunnamtii D)Hoggansa

26. Kamtu bu'aa Sagantaa Fooyya'nsa Mana barumsaa ta'uu danda'a?

A) Foyya'nsa Baratootaa B)Baratoota Galmaa'an C) Hoogansa Mana Barumsaa D)Foyya'insa Barsiisotaa

27. Yaadni "bu'aa dhaabata barnoota madaaluun rakkisaadha "jedhu ,dhaabatni barnootaa _____ agarsiisa .

A) Ogeeyyii caalmaatti ogummaa qaban kan hammtan ta'uu B) Walitti dhufeenyi cimaan jiraachuu

C)Jijjiirama yaad-qalbii barattoota irratti fiduuf kan hojjetan ta'uu D) Hawaasaaf dafee kan ifa galu ta'uu

28. Amaloota beekamo dhaabblee keessaa kan waligatee, s'aayinaa fi raawwi hojii hojjetootaan ibsamu_____.

A) Raawwi hojii B) Yaad_qalbi garee C)Caasaa D)Adeemsa

29.Garee hooggansa dhaabbata tokko irraa gara dhaabbata birootti jijjiiruuf rakkoo hinqabine

A)Hooggansa Olaanaa B)Hoggansa Dhihoo C)Hooggansa Giddu-galeessa D)Barsiisota

30. Kamtu hojii Supparvizyniiti? A) Garee jaaruu B)Gargaarsa ogummaa barsiisotaaf gochuu

C)Guddina ogummaa barsiisotaaf tumsuu D)Hundu deebii ta'uu danda'u

31. Naannawaa fi haalabarnootaa mijataa ilaalchisee kan dogoggora ta'e _____.

A)Naannoo tasgabba'aa gochuu B)Faaslitii mana barumsaa guutuu

C) Naamusa barattootaa foyyessuu D) Tuttuqaa shamarrani cimsuu

32. Hojjetootni wal-kabajuun akka ajaja walirraafudhatan kan taasisu _____.

A) Ittigaafatamummaa B) Caasaa C) Aangoo D) Ogummaa

33. Gosti hariiroo istriimota jidduutti ta'u _____ A) Olee B) Gadee C) Ol-gadee D) Dalgee

34. Aangoo sirrii bakka-buusuu keessatti akka ulaagaatti kani laalamuu hinqabine

A) Walitti-dhufeenya B) Hangafummaa C)Muuxannoo D)Sadarkaahojii

35. Kan dhaabbilee barnootaa dhaabbilee biroorraa adda taasisuu danda'u isa kami?

A) Dhaabbilee hundaaf human nama baratee dhiyeesuu B) Kaayyoo qabaachuu

C) Caasaa qabaachuu D) Adeemsa of-danda'e qabachuu

36. ----------wanti tokko haala karoorfameen raawwachaa jiraacuu mirkaneeffachuuf gargaara .

A) Ijaarsa human namaa B) To'annaa C) Karoorsuu D) Qindeessuu

37. Qaama hoggansa mana barumsaa kan ta'e kami? A) Dura-bu'aa mana barumsaa B) Gamtaa Maatii

C) Boordi Barnootaa Leenjii Gandaa D)Hunduu deebiidha.

38. Gosti qunnamitii bo'oo seera-qabeessaan darbuufi boca seera-qabeessatti fayyadamu----------dha.

A) Qunnamtii al-idilee B) Qunnamtii idilee C)Qunnamitii dalgee D)hunda

39.Muummeessuun kan barbaachisu wayita_____dha.-

A) Dhaabbatni haaraan hundeeffamu C) Dhaabbatni jiru yoo jijjiiramu

B) Gochawwan yeroo dabalaman D) hunda

40. Adeemsa Ijaarsa human keessatti tarkaanfiin jalqabaa _____dha ?

A) Fedhii human namaa adda baafachuu B)Ruuguu

C) Michoomsuu D) Filuu

Deebii Gaaffiiwwan (EdPM_302)

1.A	**11.C**	**21. B**	**31.D**
2. B	**12.A**	**22.D**	**32. B**
3. B	**13.C**	**23.C**	**33.D**
4. A	**14.B**	**24.C**	**34.A**
5. A	**15.C**	**25.C**	**35.A**
6. C	**16.B**	**26.A**	**36.B**
7. C	**17.D**	**27.C**	**37.D**
8. B	**18.A**	**28.B**	**38.B**
9. B	**19.A**	**29.A**	**39.D**
10. C	**20.C**	**30.D**	**40.A**